

Adeemsi Qabsoo Queerroo Bilisummaa Oromoo Adeemsa Qabsoo Jaarrraa 21ffaati!

Kutaa 1ffaa

Oromoona erga Oromiyaa dhabdee, mirga, bilisummaafi demokiraasummaa isiis walumaani dhabde.

Dhimmi amantii dhimma siyaasaati. Amantiifi Siyaasaa addaan baasanii ilaaluun hin danda'amu. Sababiinsaa mirga amantii qabaachuun mirga demokiraasummaa qabaachuudha. Namni mirga demokiraasii hin qabne waan fedhe amanuu hin danda'u!

Erga Maqaan Oromiyaa, Daangaan Oromiyaa, Qabeenyaan Oromiyaa, Bulchiinsi Oromiyaa, Dinagden Oromiyaa, ... kkf Itoophiyaa jalatti kolonneeffatamee jalqabee hanga guyyaa har'aatti Oromoona erga demokiraasummaa waan barbaadetti amanuu dhabee, Amantii bittoota isaa akka hordofu, bifa garagaraatiin dhiibbaa gurguddaan, yakki jajjabaan iratti gaggeefamaati as ga'e.

Bara Minilik amantii Ortoodoooksii akka hordofu dirqisiisuuf jecha, Hordoftoonni Waaqeffataa, Musliimaafi Protestaantii qawween ajjeefamaa turan. Hordoftoota amantaa Waaqeffataa adamsanii sassaabanii bakka tokkotti jumlaan rashanaa turaniiru. Akka fakkeenyatti erga mootii Shawaa/Gullallee Tufaa Munaa ajjeesanii booda, Qaalluu Oromoo, Naannawa Finfinneetti argaman mara mana mana isaanii irra adeemanii guuranii fidanii magaalaa Finfinnee lafa amma piyaassaa jedhamutti bataskaana Giyoorgis ammaa cinaatti Jumlaan jiraa qotanii akka owwalan seenaafi ragaaleen ni ibsan. Bara dabre kana Bakka awwaala qaallotta Orommo kana wayyaanticha Alaamuddiiniif akka gamoo guddaa gidduu gala gabaa/isa 'Mall' jedhan/ akka ijaaru yeroo kennaniifiitti wayta lafa kana bu'uura gamoo kanaa dhaabuuf qochisiisutti Lafeen qaalluulee Oromoo jumlaan ajjeefamanii kumaatamaan lakkaa'amu argamuu isaa irraa, akka uummanni seena kana beekee fincila hin kaafne dhoksaan halkan siinoo tiraakii chaayinaan guuramee bakka yeroof hin beekamnetti akka geeffame irra gahameera.

Akkasumas, Nama Macaafa Qulqulluu, Afaan Oromootti Hiike, Oniis Moos Nasiib /Abbaa Gammachiis/Hiikaa irrattis amantii proteestaantii akka hin lallabne murtii du'aa itti murteesee akka ture seenaan dhugaa baha!

Bara Hayile Sillaasee keessa ammo daranuu, Amantiin uummata Itoophiyaafi Mootummaa Itoophiyaa, amantii Kiristaana Ortoodoooksii qofadha, Itoophiyaan Ededdo Kiristaanaati... jechuun Paarlamaa irratti labsuun qaama seera biyyattii ta'ee akka ba'u taasifame.

Kanarraa ka'uudhaan, namoonni amantii kirstaana Ortoodoooksii hin qabne hunduu, akka lammii biyyattiitti hin lakkaa'aman ture.

Fakkeenyaaf, Namoonni amantaa musliimaa hordofan wayta himata tokko himachuuf gara mana murtii deemanitti kalootaa musliimaa isaanii baasanii kiisii isaanii keessa dhoksuuf dirqamaa akka turan maanguddoonti har'as lubbuun jiran dhugaa bahu.

Kana gubbaatti, Afaan Oromoon dubbachuun, barsiisuun barachuun, walgahii gaggeessuu walgaahii Afaan Oromootiin gaggeeffamu irratti argamuun seeraan akka nama gaafachiisu, paarlaamaa Hayile sillasee kana irratti seeraan kan dhorkamee akka ture, Kan yaadatamudha.

Akkaataa kanaan Amantilee, Waaqeffannaa, Islaamaafii, proteestaantii bakka mana sagadaa dhorkachuuun kan qabanis diiganii balleessuu arihanii bataskaana Ortoodoksii irratti ijaaraa akka turan hin haalamu. Haalli kun ammas itti fufee kunoo lafa amantaa Waaqeffannaa kan Hora Arsadii itti argamu gaaraa Cuqqaalaa/isa isaan har'a Ziquwaalaa jedhanitti Tuulluu Cuqqaalaa Lafa Waaqeffannaa Oromoo fudhachuun lafa Amantaa Ortoodoooksii godhanii babalifatanii fudhachaa jiru.

Durii jalqabee, mootummootiin oftuultonni habashaa nafxanyootiin, "...Nuti ergamtoota Waaqaati /siyyume igzi/aabiheer ze neged itiyoophiyaa/...." ofin jechuun, nuuf sududaa jechuun uummata keenya jibbuun, tuffachuun jiirenya hawaasummaa keessaas ta'e siyas dinagdee irraa laguu xiinsammuu isaa miidhanii Mirga amantaa fedhe dhorkachuuun akka maleetti ergaranii bitaa turaniiru.

Kaan hafee Amantaa musliimaa kan hogganan ofiif filanii bakka buusaa turan. Keessaafuu, mazgiidni guddaan biyyattii mazgiidni Anuwaar muummicha ministeera Itiyoophiyaa kan hayile sillasee yeroosii jalatti akka bulaa ture seenaan addeessa. Mazgiidni kun akka biroolee mootummaatti muummicha ministeera hayile sillasee kan ta'e Akhiluu Habte Weldiif gabaasa galchuuf seerri kan ajajuufi bifuma kanaan raawwachaa turuun beekamaadha.

Bara darguus, "Nuti Rabbiin hin beeknu! Sooshaalizimiin Uumama of jala galchee ni to'ata, Amantaan keenya maarkizimii leeninismii dha!..." jechuun amantaa uummataa bisheessaa turuun isaanii yaadannoo dhihooti.

Kunoo ammaan tana Bara bittaa Wayyaanee kanattis, Keessaafuu, dhiibbaan amantaa Waaqeffataafi Islaamaa irra gahu yeroo kamirrayyuu caalaa hammaatee itti fufee jira.

Ummanni musliimaa, Hogganoota isaanii Mazgiida keessatti otoo hin taane bulchiinsa gandaatti akka filatan dirqamaa jiru. Hogganoota amantaa kaawwaniitiis maallaqaan bituun dhimma siyaasaaf itti dhimma bahaa jiru.

Oromiyaa bakkoota gara garaa keessatti maanguddoota Oromoo mazgiida keessatti sagadarra jiran shororkeessitootadha jechuun rasaasaafi boombiin gara jabeenyaan naasuu tokko malee fixaa jiru. Arsii Asaasaa, Baalee, Harargee Awwadaay, Jimmaa, Walloo, Finfinnee

Awwaliyaa, Markaatoo Anuwaariifi bakkoota hedduutti, kanneen Wayyaaneen badii tokko malee ajeefaman hedduudha. Dargaggoota musliimaa, gochaa wayyaanee kana mormuun hiriira bahanis jumlaan galaafataniiru. Barattoota musliimaa, yuunvarsitiilee keessattis ta'e manneen barumsaa keessatti akka sagada /salaata hin gooneefi bakka sagadaa dhorkaniiru, Dubartoonni Musliimaa hijaaba uffatanii biiroo mootummaa fi manneen barumsaa kamittuu akka hin argamne dhorkamaniiru, akkaataa kanaan haala amantaansaanii hin ajajneen uffata qaama isaanii qualla godhu uffachuuf dirqamaa jiru.

Qeerroon Bilisummaa gochaa moototiin habashaa hundi isaanii Oromoo irraan ga'aa turaniifi jiran akkaan balaalleffata. Oromoorn kamuu mirga bilisa ta'ee yaaduufi kan isaa ta'etti amanuu ykn dhiisuu dhorkaa tokko malee qabaachuu qaba. Qaamni kamuu Oromoof amantaasaa filuufii hinqabu! Hin danda'ulleedha! Qabsaa'oni Jaarmiyaa Qeerroo Bilisummaa Amantiilee Oromoo sadeen keessaayyuu kan argaman yoo ta'elée Oromoorn amantii kamuu hordofu sababaa kamiinuu mirgi waan fedhetti amanuu Oromoo irraa akka hin mulqamne wareega kamuu baasuuf qophaa'oodha! Mirgi Amantii Oromoo Mirgoota siyaasaa Oromoo keessaa tokkodha!!

Kanaaf Qeerroon Bilisummaa Amantii Musliimaas ta'e Kiristaanaa ykn Waaqeffataa, Oromoorn mirga guutuu akka qabaatu qabsaa'a! Yeroo mirgi Amantii Oromoo kamuu tuqamu yoo Maaltu nadhibdeedhaan kan bira dabru jiraate inni qabsaa'aa Qeerroo Bilisummaa miti! Qeerroon Ilmaan Oromoo amantii isaaniifi Oromummaa isaaniitiin qofa yakkamanii kanneen wareegamaniif gaddi guddaan itti dhagahama.

Keessaafuu Barattooni Yuunvarsitii wayta ganna kana qorumsa fixxanii gara qe'ee ganda dhalootaa keessanitti galtanitti Kaayyoofi akeeka Qeerroo Bilisummaa uummata keessanif ibsuun uummanni keenya mirgasaaafi haqasaa ka'ee akka kabajiifatu waan sinirraa eegamu mara hifannaa tokko malee akka qadirqama lammummaa keessan baatan abdi guutuu isinirraa qabnu waliin isin yaadachiisuu feena!

Akkasumas Oromoorn biyya alaafi keessaan yeroo kamiyyuu caalaa Oromoorn biyyasaa dhuunfachuuf qabsoo malee falli biraan akka hin jirre hubannee, ijibbaata goonee wayyaanee burkutaayaa jirtu kanatti xumura akka goonu daballee dhaammanna. Keessaafuu koomiyunitiin Oromoorn biyya alaa bakkoota gara garaa jirtan deeggarsi isin nuuf gochaa turan daran hamlee keenya kan nu jajjabeesseefi bu'aa argamsiisaa jiru waan ta'eef guddaa isin galateeffachuu feena. Hanga qabsoon keenya galmaan geessuttis sagalee keenya uummata addunyaatti nuu dhageessisuunis akka nu cinaa dhaabbattan shakkii hin qabnu!

Qeerroon Bilisummaa sodaa moototiin abbaa irree dabran sammuu uummata keenya keessa kaayanii darban keessaa baasee uummanni keenya haqasaa "Haqakooti!" jedhee akka dubbatatuufi falmatu,

Kan jaallate "Nan jaalladhe!" jedhee waan barbaadeen akka deeggaru,

Kan jibes “Nan jibbe!” jedhee akka balaaleffatu,

Kan ta’uufii qabu “Naaf ta’uu qaba!” jedhee akka gaafatu,

Yeroo seerri dabu “Maaliif dabe?!” jedhee akka dura dhaabbatu,

Kan irratti raawwatamuu hin malle yeroo isarratti raawwatu gabrummaafi hacuuccaa baatee dandamatee akka hin bulle,

Dachhii isaarrraa yeroo fonqolchan akka didu,

Qabeenyasaa yeroo saaman akka hin hayyamne, kkf Aadaasaa, Afansaa, Falaasamasaa, hamileesaa, kaka’umsasaa, Xiinsammusaa qananeessuun Haqa, seenaafi dhugaa akkasumas fedha hawaasichaa qorachuunfi xiinxaluun hubatee kan ejjennoo dhaabbataa qabatee sochu’udha malee akkasumaan akka bishaan gabateerraan kan gara jallatetti qajeelu miti. Adeemsi Queerroo Bilisummaa adeems qabsoo Jaarraa kanaati.

Queerroon Bilisummaa wayyaaneen gonkuma filmaataan biyya keenya akka isheen deebistee nutt hin laanne sirriiti hubata. Kanaaf dhaabbilee kutatanii gara qabsoo hidhannootti seenan kanneen akka Adda Bilisummaa Oromoo(ABO)f kabajaa guddaa qaba.

Haata’uyyu malee Queerroon ammaaf ofiif qawween osoo hin taane qalamaa fi dabantara ykn kitaaba of harkaa qabuun FDG kaasuun karaa nagaa mirga isaa falmatan. Queerroon lammii mirgasaa bilcheessee tolchee beeku lammii dammaqaafi mirgasaa dubbatachuun gonkuma hin qaafanne ykn hin sodaanne qawwee mootummaa Wayyaanee dura harka qullaa dhaabbatee wareega barbaachisu kaffalee otoo uummatni addunyaa arguu mirgasaafi biyya abbaasaa gaafachaa jirudha.

Queerroon, har’aan tana maqaa investeraan yeroo waarra keenya dachiisaanii irraa buqqisanii warshaalee garagaraa irratti ijjaarachuun Oromoo godaansanii ofii duroomanii dachee isaa irratti dhiichisan gochaa kana akka hin raawwanne akeekkachiisaa jira. Kana jechuun Kibiriita qarshii tokkoofi Gaaza/boba’aa qarshii lamaan, warshaa qarshiilee miiliyonatti lakkaawamu gubanii barbadeessuun qe’ee ufii keessatti, malkaafi laga ofii, gaara ofii, bosona ufii keessatti, dargaggoo Oromoof hangam takka salphaa akka ta’e sirriitti ni hubata. Habashoonni yeroo har’aa tuffii Oromoof qaban irraa kan ka’e lafuma Oromoo irratti sagaleen Oromoo akka hin dhagahamne Fkn Wallee Oromoo, Miidiyaa Oromoo kamuu, Hooteloota keessatti, konkolaatota keessattiifi bakkoota namoonni walitti dhufan hundatti akka hin banamne ugurani argamu. Garuummoo, qe’ee Oromoo irratti afaaniifi aadaa isaanii narratti dagaagsuuf, ganamaaf galgala narratti dhiichisu! Hooteloonni, konkolaataaleen gara kutaa biyyaa deemanis ta’e taaksiileen magaalaa hunduu walleleefi sagantaalee miidiyaa afaan habashootaan keessaafuu afaan amaaraafi afaan tigireetiin darban malee hin tamsaasan.

Warshaaleen gara garaa Oromiyaa keessatti argaman hunduu, lafa Oromoo irratti Dalagachaa, qabeenyaa Oromooon oomishachaa, afaan habashootaa aadaa habashootaa malee aadaa Oromoo, Afaan Oromoo, Konsertiilee, Fiilmilee, Diraamaalee, Tiyaatira, Kiliippiilee, Kitaabban, Agariisa sagantaalee miidiyaa gara garaa... gonkuma ispoonsar hin godhan. Kanas ta'e jedhanii kan godhan ta'uun beekamaadha.

Egaa Qeerroon Hooteloota ta'e jedhanii Oromoo boqannaas dhorkanii fi guutummaatti imaammata mootummaa Wayyaanee dura kaayyoo armaa gadii irratti hundaawee akka mormii karaa nagaa gaggeessuu addunyyaatti erga beeksisee kunoo wagga 5ffaa qabatee jira, akeeki kunis akkuma ifaan website isaa www.qeerroo.org irratti ganna 4 oliif ta'e:-

GUIDELINES OF QEERROO BILISUMMAA

Qeerroo Bilisummaa is the National Youth Movement for Freedom and Democracy Resistance group; however, to respect the different attitudes and practices of participating different groups we only ask that those participating survey the following basic nonviolence guidelines.

1. Our attitude will be one of openness and respect toward all we encounter in our actions.
2. Qeerroo will use no violence, verbal or physical, toward any person.
3. Qeerroo will not destroy or damage any property.
4. Qeerroo will carry no weapons; we will not bring any drugs or alcohol.
5. If participating in a nonviolent direct action, such as civil resistance, we will not run or resist arrest; we will remain accountable for our actions as a means of furthering our witness to the injustice of the brutal system.

Waan ta'eef Oromooniis ta'e alagaan akeeka nagaan mirga ofii falmachu dura kan dhaabbatu hundi bulquu saba nyaatu waan ta'eef kaayyoo masaka Qeerroo akka jabeessitan abdii isin irratti gatna.

Toftaafi Tarsiimoon Qeerroo Bilisummaa Oromoo Maali? Ilmaan Oromoo akkamitti cinaa dhaabbachuu qabu?(Kutaa 2ffaan Barreefama kanaa Itti fufa!)